



## Fandii Seattle's Environmental Justice jedhaamuuf iyyadhaa

Seattle Office of Sustainability & Environment (waajirri eegumsa naannoo Seattle), fandiin Environmental Justice **ammaa kaasee hanga June 3, iyyattoota haaraa keessummeessaa** akka jiru yeroo beeksisu gammachuu guddaan itti dhaga'ama.

Fandiin Environmental Justice (EJ), qaama Ajandaa haqummaa fi eegumsa naannoo bulchiinsa Magaalaa Seattle ta'uudhaan, qabeenya hawaaf haqaa fiduuf hojjawan hawaasaan hojjataman keessatti hirmaachuuf inveest gochuun bara 2018 hundaa'e. Fandiin EJ, saboota gurraacha ta'an fi gurraacha hin taane (BIPOC), akkasumas, Godaantota, koolu galtoota, dargaggoota, maanguddoota, fi jiraattota galii xiqqaa qaban dabalatee, hawaasa Seattle, jijiirama qilleensaatiin miidhaamaa jiru kuununsuu fi cimsuuf hundeeffame.

Bara kana, fandii gochuudhaaf **filannoowwan sadii** dhiyaatanii jiru:

- Filanno 1ffaa:- Deeggarsa maallaqaa \$10,000 hanga \$40,000 kan jiru dhiyeessa
- Filanno 2ffaa: Deeggarsa maallaqaa \$40,001 hanga \$90,000 jiru dhiyeessa
- Filanno sadaffaa: Pirojektoota jiraattoota hawaasa **Duwamish Valley** ta'aniin gaggeeffamanii fi itti fayyadama hawaasichaatif oolanif \$ 10,000 hanga \$90,000 dhiyeessa

Gosootni fi dhaabbileen gosaa, dhaabbileen gargaarsaa, akkasumas Gareewan naannoo keessatti hojjatan fandii kanaaf iyyachuuf ulaaga ni guuttatu. Pirojektooni kun hawaasota rakkoo qilleensa naannootiin miidhamanin kan gaggeeffaman fi kan isaan fayyadan ta'u qabu. Pirojektooni ulaagaa guutan kanneen akka:

- Pirojektoota Aartii fi seenaa himuu
- Barnoota hubannoo hawaasaa cimsuuf kennamu
- Hojiawan humna dhaabbataa fi hawaasaa ijaaruu
- Jijiirama qilleensaa walin wal baruu fi dandeettii ittisaa ijaaruu
- Ijaarsa Karoraa fi mul'ata hawaasaa
- Hojii oogummaa cimsuu fi leenjii hojii magariisaa naannoof faayidaa qabu waliin walqabatee jiru

*Waa'ee fandii kanaa odeeffanno dabalataa argachuuf, akkasumas, yaada projektii irratti mari'achuu yookaan proopoozaalii galchuu yoo barbaaddan tarkaanfiawan armaan gadii akka fudhatten isin gorsina:*

- Iyyata dhiyeessuun **dura** ogeessa teeknikaa waliin mari'adhaa. Tajaajilli kun kaffaltii male kan dhiyaate yeroo ta'u, [unka/dokumentii kana](#) May 15 dura guutuun tajaajila argachuun ni danda'ama.
- Walgahii odeeffannoo dijitaalaa/virtual information irratti hirmaadha:
  - Jimaata, April 11, sa'atii 12 - 1:15pm
    - [Walgahii jalqabaa Zoom irratti godhamuuf galmaa'aa](#)
  - Wiixata, April 28, sa'atii 6 - 7:15pm
    - [Walgahii jalqabaa Zoom irratti godhamuuf galmaa'aa](#)

walgahii odeeffannoo laachuuf godhamu irratti, tajaajila hiikkaa afaanii yookan tajaajila biroo argachuuf, guyyaa hirmaanna keessaniitii yoo xiqlaate torban tokko dursuun gara [equityenviro@seattle.gov](mailto:equityenviro@seattle.gov) email godhaa. Gaaffii dabalataa qabdaniif deebii argachuufis email gochuun nu argachuu dandeessu.